



Bara 30

Lakk. 15

Guraandhala 9 bara 2015

Gatiin qar. 10

Waltajjiin gamaaggama raawwii hojiilee Paartiifi Mootummaa Naannoo Oromiyaa geggeeffamaa ture kallattiwwan xiyyeeffannoo kaa'uun xumurame

Galaanaa Kumarraatiin

Waltajjiin gamaaggama raawwii hojiilee Paartiifi Mootummaa Naannoo Oromiyaa geggeeffamaa ture kallattiwwan xiyyeeffannoo kaa'uun xumurame guyyoota sadi'iif Adaamaatti geggeeffamaa ture dhimmoota ijoo xiyyeeffannoorn irratti hojjechuun barbaachisurratti kallattii kaa'amuun xumurame

Waltajjiin qorannoo raawwii hojji Paartiifi Mootummaa kun Guraandhala 4-6 bara 2015 Adaamaatti geggeeffamaa kan ture yoo ta'u, rawwaaii hojjiwwan Paartiifi Mootummaa bara kanaa kan ji'ota ja'an darbanii keessatti ciminoota argamaniifi hanqinoota mul'atan



qorachuu adda baasuun hanqinoota argaman caalmaatti itti fufsiisuuf haala adda ba'an sirreessuun bu'aalee dandeessisurratti kan *Gara fuula 14tti*

Hanqina tekinoolojii qonnaa hundeerraa furuuf hojjetamaa jira jedhame

Kutaa Qophiittiin

Naannoo Oromiyaatti hanqina tekinoolojii qonnaa hundeerraa furuuf kutannoont hojjetamaa akka jiru Inistiitiyuutiin Qorannoo Qonnaa Oromiyaa beeksise.

Daarektarri Olaanaan Inistiitiyuutichaa Obbo Tashoomaa Boggaalaa akka ibsanitti qorannoo qonnaa geggeessaa jirruun jiruufi jirenya qotee/horsii see bulaa naannichaaj jijjiiruu keessatti hojiin qorannoo inni geggeessaa jiru gahee guddaa gumaachaa jira.



Kanaanis inistiitiyuutichi humnaafi gahumsa dhaabbatummaa qabuun gahee isarraa eegamu gumaachaa akka jirus himaniiru.

Hawaasa horsiisee bulaa Booranaa hongeen miidhameef deggersi godhamu itti fufee jira

W.K.Godinichaatiin

Godina Booranaatti haswaasa hoersiisee bulaa godinicha sababa hongeetiin miidhaa hamaaf saaxilamee jiruuf deggersi taasifamu itti fufee kan jiru ta'uun ibsame.

Haaluma kanaan Yuuniversiitiin Amboo, hawaasni magaalaa Amboofi naannooshee hawaasa horsiifatee bulaa Godinichaatiif miidhaan nyaataafi zayita qarshii miliyoona 4 olitti tilmaamamu deggersaan kenneera.

Yuuniversiitiin Amboo deggersa maqaa 'Torbee Booranaa' jedhuun sosochii umameen hawaasni waan qabu walitti buusuun, yeroo torbee tokko keessatti qarshii miliyoona 4 ol walitti



qabuudhaan midhaan nyaataafi zayita bituun deggersa taasisan. Lammilee hongeen miidhaman cinaa dhaabbachuu qabna *Gara fuula 14tti*

**Oomishtummaa
bunaa dabaluuf
bunasaanii gamashaa
akka jiran qonnaan
bultoonni dubbatan**

W.K.Aanichaatiin

Buna dulloome gamaashuu oomishtummaa bunaa fooyyessuuf hojjetaa akka jiran qonnaan bultoonni Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Hawwaa Galaan himan.

Dinagdeen jiraattota Godina Qellem Wallaggaa irra jireessaan bunaan walqabaata. Lafti bunaan qabamee jiru, yeroo dheeraaf oomisha kennaan waan tureef yeroo kana oomishtummaansa gadi bu'aa dhufuu dinagdee keenya miidhaa waan jiruuf oomisha argamu fooyyessuuf buna keenya duulaan gamashaa jirra jedhan qonnaan bultoonni Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Hawwaa Galaan.

Bunni gamashame deebi'ee latee oomisha gahaan akka kenuuf of eegganoo barbaachisa jedhu ogeessonni wayita qonnaan bultootaa hubannoo uuman argine. Godina Qellem Wallaggatti lafti hektaara kuma dhibba 4fi kuma 52 bunaan uwufamee jiru keessaa kan oomisha gahaan kenuu %38 qofa. Kana fooyyessuuf ammoo kallattii mootummaan kaa'een duulli gamashuu bunaan guyyoota 60f turu eegalee jira jedhan itti Aanaa itti gaafatamaan Wajjira Qonnaa Aanaa Hawwaa Galaan Obbo Fissahaa Tamasgeenii Itti Gaafatamaan Wajjira Qonnaa Godina Qellem Wallaggaa Obbo Mulaatuu Waqirraa.



Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Anis

Anis biyyan qaba
Biyya biyya caaltu
Biyya koo Oromiyaa
Kan uumaan badhaatuu
Biyya gootawwanii
Biyya hayyuu qaraa
Biyya bifileewwanii
Biyya koo Oromiyaa
Biyya sirna Gadaa
Kan ittiin beekamtu
Mallattonshii Odaa
Anis biyyan qaba
Kan ittiin dhaadadhu
Biyya koo Oromiyaa
Kanin jiruuf abdadhu
Biyya koo badhaatuu
Magarsituu hundaa
Biyya midhaaniifi albuudaa
Anis biyyan qaba
Baddaafi gammojjii
Gaaraafi raarotaa
Kan hormaan ni quufa
Hadha beeyiladootaa
Haadha burqaaleefi
Laggeen gurguddaadhaa
Mukkeen bosonashii
Addunyaaf fakkiidha
Gosti sinbirroolee
Kan halluun faayamte
Bineeyyiin adda addaa
Bosonashii guutee
Anis biyyan qabaa
Gannafi bonnishi
Nama gammachiisa
Ittiin bulmaanishii
Seera Abbaa Gadaa
Dimookiraasii maraan
Ilmaanshii hammattii
Anis biyyan qabaa
Biyya biyya caaltu
Biyya koo Oromiyaa

Feesbuukiirraa
Waajjira Kominikeeshiinii
Magaalaa Walisoorraa

Murtiiwwan manneen murtii . . .

waamamtoota ijibbaataa himatamtoota aanaarratti dhiyeessiteen; qabiyyee lafaa bakkaafi daangaasaa ibsitee xindii sagal, Jimaa kataraa 25 ofirraa qabu, kan bara 1999 abbaa warraa kiyya waliin waggaasadiif itti kireessinee booda immoo qar. 35,000niin itti gurgureen jira. Ani yeroo sanitti dhibeen sammuu naqabee, dhukkubsadheen waanan tureef, amma qabiyyee lafaa kiyya kan Jimaa kataraa 25 of irraa qabuufi lafa xindii 9 akka gadi naaf lakkisu kan jette yemmuu ta'u, waamamtooni deebii fooyyessuun kennaniin; qabiyyee lafaa iyyattuun gaafattu erga qabannee waggaas 16 ol ta'eera waanta'eef, himannoos ishee bu'uura danbii Lakk. 151/2005 kwt. 32tiin darbinsa yerootiin daangeffamaadha jedhamte.

Ani waamamamaa 1ffaan qabiyyee lafaa falmii kaasee jiru himatturraa hin bitne, lafa duwwaa baafadheen qorqoorroo hulaa lama irratti ijaarradheen qabadhee irraa fayyadamaan jira. Kanaaf himannaan ishee kufaa naaf haa ta'u jedhuun. Kana booda, manni murtii aanichaas dhimmicharratti ragaa bitaafi mirgaa dhagahee, waajjira bulchiinsaafi Itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaarraas qulqulleeffatee dhumarratti, qabiyyee lafaa falmii kaasee jiru waamamtooni bitaan kan argatan osoo hin taane lafa duwwaa qabachuudhaan waggaas 16f irraa fayyadamaa kan jiran ta'u ragaan dhiyaatee jiraachuu kan hubachiise waan ta'eef himannaan iyyattuudhaa darbinsa yerootiin kufaadha jechuun murteesseera. Itti aansnuun, iyyattuun murtii MMA komachuun komiishee MMO godina Harargee Lixaatti kan dhiyeeffatte yammuu ta'u, manni murtii olaanaa ammoo, deebiisaa jalqabaa wayita dhiyeessu qabiyyee lafaa falmii godhate kana qar. 35,000n bitadheen, Jimaafi mana jireenyaa

dhaddacha kanin irraa qabudha jechuun erga deebiseen booda deebiis fooyyesssee kan dhiyesse keessatti 'hin bitne' jechuun falmiin itti fufe.

Waamamtooni qabiyyee lafichaa bitachuun kan argisiisu waan ta'eef darbinsa yerootiin daangeffama jedhamuun sirrii miti erga jedhee booda murtii mana murtii jalaa diigee, MMA dhimma ijoo falmii bu'uuraarratti falmisiisuun murtii akka itti kenuu jechuun bu'uura s/d/f/s kwt. 341(1) tiin gara mana murtii aanichaatti deebisse.

Kanatti aansuun, waamamtooni deebii dhaabbii bahaa MMWOTTI komii dhiyeeffatanii, dhaddachichi ammoo waamamamaa 1ffaan deebii jalatti fooyyessuun dhiyesse keessatti qabiyyee lafaa falmii kaasee jiru kan hin bitneefi lafa duwwaa qabachuusaa kaasuun kan falmeefi ragaan dhiyaatee jirus kanuma hubachiise osuu jiruu falmiin iyyattuudhaa darbinsa yerootiin kufaa hin ta'u jechuun sirrii miti jechuun murtii mana murtii olaanaa erga qeeqee booda, dhimmicha qajeelfamaan gadi deebisuun murteesuunsa dogoggoradha jechuun murtii MMO diigee, kan aanaa cimse.

Itti fufuun, iyyattuun dhaddacha Ijibbaataa MMWOTTI iyyannoo dhiyeeffatee, dhaddachichis galmees jalaa guutummaansa akka dhiyaatu ajajuun 'Telegiraamaan dhiyeessise akka ilaalettis falmiin iyyattuufi waamamamaa 1ffaan gidduutti erga adeemsifamee booda dhimmicharratti manni murtii aanichaas dhaddacha gaafa 01/06/2013 ooleen waamamamaa 1ffaan ammaa kun qabiyyee lafaa falmii kaasee jiru qar. 35,000 iyyattuufi abbaa warraasheerra bitachuun, Jimaafi mana jireenyaa irratti ijaarratee qabachuusaa waan amanee falmeef, iyyattuuf akka gadi lakkisuuf jedhamee kan murtaa'e ta'u,

Haala kanaan, erga murtii argatee booda sababa waamamtuu 2ffaan ammaa (haadha warraa waamamamaa 1ffa) iyyannoo mormii murtii gaafa 01/07/2013 barreessuun mana murtii aanichaaf bu'uura s/d/f/s kwt 358tiin murtii bakka ani hin jirretti, qabiyyee lafaa kiyyaarratti osuu hin beekiin kennname sirrii waan hin taaneef akka naaf haqamu waan jetteefidha.


Iyyannoo mormii kanarratti, iyyattuun ammaafi waamamamaa 1ffaam ammaa deebii akka kennan ajajamee osuu haala kanaan jiruu, waamamamaa 1ffaafi iyyattuun, deebiisaaniifi himannoosaanii (duraa duubaan) fooyyeffachuuuf MMAatti gaafatanii, MM aanichaas akka fooyyeffatan ajajee, booda dhimmicharratti falmii guutuu dhaggeeffachuuun himanno iyyattuudhaa bu'uura dambii Lakk. 151/2005 kwt. 32 tiin darbinsa yeroo waggaas 12tiin kufaa taasisseera.

Akkaataa s/d/f/s kwt. 358 tiin iyyannoon mormii dhiyaatu, qabiyyeensaa kanneen kwt 359 jalatti taa'ee jiru guutuuun kan irra jiraatu ta'uufi falmiin iyyannoo bu'uura s/d/f/s kwt 358tiin dhiyaatuun booda adeemsifamus iyyannoo mormataa murtiifi deebii waamamtooni iyyannoo mormii dhiyaateeru bu'uureffate ta'uun alatti, himataafi himatamaan murticha, gara murtii dura kennnameetti deebi'uun himanno jalqabaafi deebii jalqaba kennname ittiin fooyyeffatan adeemsaa seeraa akka hin taane tumaa s/d/f/s kwt 9, kwt 358fi kwt 359 booda jirurraa hubachuun ni danda'ama.

Sababni isaa; dhimmi duraan falmii iyyattuufi waamamamaa 1ffaan gidduutti falmameen murtii argatee jiru hanga akkaataa seerichaatti ilaalamee bu'uura s/d/f/s kwt 360(2)tiin hin tuqamnetti murtii akka seeraatti kennname jiru waan ta'eefidha.

MMWO irraa kan fudhatame

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biirro Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo Dhimma amantaa daheeffachuun dantaa siyaasaa guuttachuun hin danda'amu!!

Mootummaan jijiiramaa labsiwwan mirga, aadaa, safuufi amantaa ummataa hacuucan diiguun sirna gama hundaan ummataaf mijaa'u, kan jaalala labsee jibba balfu, tokkummaa cimsee diigumsa hambisu sirna jabaa ummataan ummataaf ijaaraa jira.

Sirni jabaan ummataaf tolu ijaaramuun mirga namoomaafi dimokiraasi jabeessee ummanni mirgaafi dirqamasaa hubatee jaalalaafi tokkummaan garaagarummaasaa waliif kabajuun wal danda'ee akka jiraatuuf utubaa cimaadha.

Wayita kana humnoonni olaantummaa baranii walqixxummaa balfan, kootii malee keenya hin beekne ijaarsa sirnaa jabaafi utubaa dimokiraasi lafa dhaabuuf hojii hojjetamaa jiru danquuf ajandaa biyyaaf hintolle facaasuu hojiisaanii taasifachaa jiraachuu irra gahameera.

Qaamoleen biyya olaantummaan seeraa keessatti kabajameefi sabdaneessummaan keessatti mirkanaa'e arguu hin barbaadne yeroo hunda qormaatawwaniif balbala banu. Fedhiinsaniis imala jijiiramaa eegale dhiisuun gadi bu'amee isaan waliin dirree jeequmsaa keessa akka turamu barbaadu.

Kanaafis gama tokkoon amantaa gama biraan immo sabummaa dawoo taasifachuudhaan fedhii siyaasaafi dantaa dhuunfaa isaanii guuttachuun halkaniifi guyyaa hojjechaa jiru.

Haata'u malee, ajandaa daldaaltonni siyaasaa gaaddidduu kaleessaa golgaa godhatanii har'a hojjechuu barbaadan gonkumaa milkaa'u akka hindandeenyi lammileen Itoophiyaa imala jijiiramaa tokkummaa sabdaneessummaan utubame deeggaruu mirkaneessanii jiru.

Waggoottan jijiiramaa darban keessatti qajeeltowwan bu'uura duudhaa waliin jirenyaa giddugaleessa godhachuudhaan dhaabbileen amantaa wal danda'uun tokkummaasaanii jabeessanii, tokkummaa biyyatiif utubaa akka ta'aniif mootummaan deeggarsa barbaachisaa godhaa turee jira. Kanaanis wal dhabdeen manneen amantaa keessatti mudachaa ture mare amantootaafi gaggeessitoota mana amantichaan akka furamuuf haala mijaawaa uumameen milkaa'inonni gurguddoona argamanii jiru.

Haata'u malee humnoonni nageenyi biyyaa mataa bowwwu itti tahe tokko tokko amantaa dawoo godhachuun tokkummaa diigumsatti, jaalala jibbatti, gammachuu gaddatti jijiiruu biyyaafi sirna balaarra buusuuf wayita socho'an ni mul'atu.

Kaayyoonsaaniis biyya sabdaneettii lammilee hundaaf taatuufi hundas fakkaattu ijaaraa jiru danquun biyya aadaafi duudhaa, afaniifi amantaa tokko olaantummaa keessatti argatu dhaabuuf tahuus kun qabsoo sabaafi sab lammootaafi ummatoota Itoophiyatiin al tokkoofi isa dhumaaf awwaalameera.

Rakkoo Mana Amantaa Ortodoksii Tewaahidoo Itoophiyaa keessatti uumamee golgaa godhachuun sochiin nagaa biyyaarratti kan kiyyeffame qama finxaaleyyiin adeemsifamu sirna sabdaneetti ijaaramaa jiru waliin kan hin deemneefi keessatti hin keessumoofne ta'uun hubatamuun qaba.

Ummanni keenyas ajandaa finxalessitootni siyaasaanii dheebru aangoo qaban guutachuuf ajandaa adda addaa dawoo godhachuun socho'anirraa ofqusachuufi nageenyasaafis waardiyyaa ta'uus qabaatu jenna.



Imala badhaadhinaa gochaan dhugoome

Biyyi keenya rakkowwan walxaxaa barootaaf gangalataa dhufan hedduu akka qabdu beekamaadfha. Rakkowwan kunneen carraaqqii har'a biyya jijiiruuf taasifamaa jirutti qormaata ta'a jiraachuunis ifadha. Biyyi keenyas ta'e akka naannoottis rakkowwan kanaan qormaa jiraattus hojiwwan akka mootummaatti karoorfaman milkaa'ina guddaa agarsiisa jiru. Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojiwwan jiruufi jirenya akkasumas fayyadamummaa ummataa dabaluun badhaadhina hundagaleessa mirkaneessan karoorfatee xiyyeffannooh hojjechaa jira. Qormaatota hedduu keessattis milkaa'inonni kan galmaa'an ta'uun ammoo hoggansi hojiwwan karoorfaman hogganaa jiru qormaata gara carraatti jijiiruu bu'aa fidaa kan jiru ta'uusaatiif agarsiiftu guddaadhaha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa oomishaafi oomishtummaa dabaluun fedhii biyya keessaa guutuufi oomishaalee alaa galaa turan kan biyya keessaan bakka buusuu bira darbee gara biyya alaatti erguu sharafa alaa argamsiisuufi dinagdee biyyaa utubuuf hojjechaa jira. Kana keessaa oomishni qamadii isa tokko. Karoorri gama kanaan qabame akka hin milkoofne qaamota hedduun hojjetamaa turus tibbana qabatamaadhaan dhugoomee jira.

Biyyi keenya hanqina qamadii qabduun biyya alaarras kan galchaa turte akka ta'e ni beekamaa. Qamadiin biyya alaarras galu Doolaara Amerikaa hedduu kan gaafatu ta'uusaatiin wal qabatee dinagdee biyyaarratti dhiibbaa olaanaa kan fidaa turedha.

Rakkoo kana hiikuufis mootummaan carraa jiru hunda fayyadamuun fedhii qamadii biyya keessaa guutuurrar darbuun gara biyya alaatti erguu sharafa alaa argamsiisuufi cichee hojjechaa tureera. Haaluma kanaan Guraandhala 5 bara 2015 Godina Baaleetti bakka Ministerri Muum mee Dr. Abiyyi Ahimad, pirezidaantiin mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa, hoggantoonni mootummaa federaalaafi Naannoofi kan biron argamanitti sirni jalqabsiisa alergii qamadii eegalameera. Sirna jalqabbi kanaanis Godina Baaleetti kuntaalli miliyonni 1.3 gara biyya alaatti ergameera.

Milkaa'inni kun hoggansa sadarkaan jiruufi qonnaan bulaa qindoomina olaanaafi xiiqidhaan hojjechaa turuusaaniitiin kan dhufe waan ta'eef hojii seenaqabeessadha. Qonnaan bulaa yeroo ammaa qonnaasaa ammayyeessuun bu'aa argamaa jirurraas daran fayyadamaa ta'a kan jiran yoo ta'u hojichi cimee kan itti fufu ta'a.

Kanaafis oomisha qamadii rooba Gannaatiin misoomaa ture yeroo ammaa jallisiidhaan misoomsuun Gannaafi Bona oomishamaa jira. Bara kana Naannoo Oromiyaati qamadii Bonaa lafa hektara miliyoona tokkoo olirratti faca'ee sadarkaa gaariirra kan jiru yoo ta'u. Kunuuuni barbaachisus taasifamaafii jira. Kun ammoo qamadii gara biyya alaatti erguu eegalame itti fufsiisuufi gahee olaanaa qaba.

Walumaagalatti imala badhaadhinaa roga hundaan qabame itti fufsiisuun naannoo keenya jijiiruu ,Itoophiyaa utubuu gaanfa Afrikaa tasgabbeessuu dhaadanno jedhu ni dhugooma.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Obbo Morkataa Abbuu Morkataa waraqaa qabiyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Kaartaa isaa 10940 ta'e Magaalaa Shaashamannee ganda D/Boqee keessatti bali'inni iddo 500M² irratti argamu tajaajila iddo mana jireenyaa kan ta'e sadarkaa iddo 2^{f_{aa}} Lakk. iddo -SH/DB/KD/04/03/04 Dheerina Gamoo G+0 kan ta'e ragaan harka isaanii jiru waan jalaa badeef kaartaan kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahee guyyaa 20qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan bira bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Aadde Bashuu Ayyaanoo Maltaa waraqaa qabiyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Kaartaa isaa 17627 ta'e Magaalaa Shaashamannee ganda Abboostoo keessatti bali'inni iddo 273M² irratti argamu tajaajila iddo mana jireenyaa kan ta'e sadarkaa iddo 2^{f_{aa}} Lakk. iddo -SH/KA/K4/62/01 Dheerina Gamoo G+0 kan ta'e ragaan harka isaanii jiru waan jalaa badeef kaartaan kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahee guyyaa 20qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan bira bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Masfin Alamuu Birraatuu Mana Jirenyaa Magaalaa Dodolaa ganda Anolee keessatti Nagahee Lakk. isaa 506475 bara 1995 ta'e maqaa isaaniitii galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Hamiid Huseen Ismaa'eel Mana Jirenyaa Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee keessatti Nagahee Lakk. isaa 0059794 bara 2006 ta'e lafa karee meetira 250M² irratti maqaa isaaniitii galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Musxafaa Kadiir Mana Jirenyaa Magaalaa Dodolaa ganda M/W keessatti Nagahee Lakk. isaa 450863 bara 1985 ta'e maqaa isaaniitii galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa.

Aadde Makiyaa Huseen Kaartaa Lakk. isaa 253/2519/91 ta'e maqaa Obbo Geetaachoo Zallaqetiin bahii ta'e waan na jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu, namni kana mormu ykn ragaan kun na ilaallata jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan bira maqaa Aadde Makiyaa Huseeniitiin hojjannee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

Obbo Kadiir Qasim Kaartaa Lakk. isaa 00351/222/2006 ta'e maqaa isaaniitiin bahii ta'e waan na jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu, namni kana mormu ykn ragaan kun na ilaallata jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan bira maqaa Aadde Makiyaa Huseeniitiin hojjannee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

Obbo Dassaalenyi Warquu Mana Jirenyaa Magaalaa Dodolaa ganda Anolee keessatti Nagahee Lakk. isaa 3302300 bara 2003 ta'e maqaa isaaniitii galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

1^{f_{aa}} Aadde Heelen Haabteetiif

2^{f_{aa}} Dhaabaa Fayysiatiif

3^{f_{aa}} Abdulaziiz Ibraahimiitiif

Bakka jiranitti

R/Himataan Yuuniyeenifi Hojii Gamtaa Qonnaan Bultoota Heexosaa fi R/Himatamtoota isin,mormiin iyyataa Abduramaan Rubee fi caalbaasii mo'atan Asaffaa Abarraa fa'a jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee beellama gaafa 20/06/2015 sa'atii 4:00irratti dhiyaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmii bakka isin hin jirretti kan gaggeeffamu ta'u manni murtii ajajeera. Mana Murtii/OI/Go/Arsii.

1^{f_{aa}} Waldaa Shariikumaa Gazzahaanyi, Gadaa fi Hiryootta isaaniitiiif

2^{f_{aa}} Obbo Gazzahaanyi Mokonniniitiif

3^{f_{aa}} Seenaan Lammaatiif

4^{f_{aa}} Gaamooraan Gulummaatiif

5^{f_{aa}} Muddaa Huseeniitiif

6^{f_{aa}} Gadaa Amoashaatiif

Bakka Jiranitti

Himataan Baankii Siinkee Damee Suudeefi Himatamtoota isin jidduu falmii waliigaltee qarshii jiru ilaachisee himatamtooni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii kennachuu kan barbaaddan yoo ta'e beellama gaafa 10/06/2015 sa'atii 4:30irratti heeyyama ofirraa itifachu akka dhiyeffattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii/OI/Go/Arsii.

1^{f_{aa}} G/Saajin Turee Huseen Muhaammadiitiif

2^{f_{aa}} Saajin Alamaayyoo Ingidaatiif

Bakka jiranitti

Himataan Baankii Siinkee Damee Suudeefi Himatamtoota isin jidduu falmii waliigaltee qarshii jiru ilaachisee himatamtooni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii kennachuu kan barbaaddan yoo ta'e beellama gaafa 13/06/2015 sa'atii 3:30irratti heeyyama ofirraa itifachu akka dhiyeffattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii/OI/Go/Arsii.

1^{f_{aa}} Waldaa Shariikumaa Hindiyaan Halfiyaan fi Hiryoottaaf

2^{f_{aa}} Hindiyaan She/Jamaaliitiif

3^{f_{aa}} Halfiyaan She/Jamaaliitiif

4^{f_{aa}} Amaanee A/Qaadiriitiif

5^{f_{aa}} Jamaal Hasaniiitiif

6^{f_{aa}} Muhaammad Gadaatiif

7^{f_{aa}} Jaafar Huseeniitiif

Bakka Jiranitti

Himataan Baankii Siinkee Damee Colleefi Himatamtoota isin jidduu falmii waliigaltee qarshii jiru ilaachisee himatamtooni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii kennachuu kan barbaaddan yoo ta'e beellama gaafa 13/06/2015 sa'atii 4:00irratti heeyyama ofirraa itifachu akka dhiyeffattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii/OI/Go/Arsii.

Obbo Amaanoo Waabee karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Moonaa Tashoomeetiin mana jirenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 02keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa WLM/00413/15 ta'e lafa kaareemeetira 160irraa qaban Obbo Tsagaa'aab Habtaamu Boggaaleetti gurguratanii jijiiraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniiif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee Guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo kan hin dhiyaanne ta'e jijiiraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Obbo Anshaa Curraa Karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Yaareed Kabbadaatiin mana jirenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 01keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa WLM/0369/14 ta'e lafa kaareemeetira 140irraa qaban Aadde Wayinsheet Adimaasuu Kabbadaatti gurguratanii jijiiraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniiif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee Guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo kan hin dhiyaanne ta'e jijiiraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Obbo Jamaal Argoo karaa bakka bu'aa isaanii Aadde Tsahaay Gizawutiin mana jirenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 01keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa WLM/106/14 ta'e lafa kaareemeetira 140irraa qaban Obbo Naataan Moonaa Tashoomeetti gurguratanii jijiiraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniiif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee Guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo kan hin dhiyaanne ta'e jijiiraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Aadde Shukaa Galgaluu Karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Gannaalee Godaanaatiin mana jirenyaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 02keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa WLM/0183/15ta'e lafa kaareemeetira 140irraa qaban Aadde Hagayyaa Anolee Fanjaatti gurguratanii jijiiraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniiif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee Guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo kan hin dhiyaanne ta'e jijiiraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

Obbo Akilil Dajanee Magaalaa Boqqojji ganda 01 keessaatti ragaa lafa mana jirenyaa ragaa abbaa qabeenyummaa (Saayitii) Lakk. Kaartaa isaa 2770/1041/98 ta'e galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Boqqojiitti akka dhiyeessu ibsaa,yoo dhiyeessuu baate ragaan kan bira bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Boqqojji

Aadde Aashaa Aliyyii Mana Jirenyaa Magaalaa Dodolaa ganda M/W keessatti Nagahee Lakk. isaa 0821371 bara 2009 ta'e maqaa isaaniitii galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan bira bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Nuurii Eebuu Magaalaa Asallaa ganda 06 keessatti iddo mana jirenyaa mirkinaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 1344/131/89 ta'een galmaa'ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraakka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraakka naaf kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa.

Sabiraa Usumaan Magaalaa Asallaa ganda 04 keessatti iddo mana jirenyaa mirkinaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 12837/57/97 ta'een galmaa'ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraakka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraakka naaf kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa.



Aadaa

Daraartuu Beekumaa


Qanafaafi Siinkee- kabajaafi gaachana dubartii



Oromoota Sikkoofti Mandoo biratti dubartiin deesse mallattoo ittiin dubartoota kaanirraa adda ishee baasu qabdi. Meeshaa aadaa Qanafa jedhamu addarratti hidhatti. Qanafni kun kabajaafi gaachana dubartiidha jedhu hayyooni aadaa.

Godina Arsii Lixaa aanaa Shaashamannee kan jiraatan Aadde Girjaa Aannotaa Qanafni meeshaa aadaa kabajni dubartii ittiin mul'ifamudha jedhan. Qanafaan muka Hindheessaa yookaan Mi'eessaarraayi kan hojjetamu. Qanafaan mallattoo dubartii deessuuti. Calleedhaan faayaniiti gogaa qal'aadhaan addarratti hidhatan jedhan. Kan inni hidhatamus dubartiin deesee guyyaa shan yookaan jahaffaatti erga qaama dhiqatteen boodadh akka Aadde Girjaan jedhanitti. Kan dhalate sun dhiira yookaan durba yoo taate guyyaan itti qaama dhiqatan (Wobaqaa) garaagarummaa waan qabaachuu danda'uuf, guyyaan itti Qanafa hidhatanis garaagarummaa qaba. Guyyaan shanaffaa yookaan jahaffaadhaa hanga baatii shanii yookaan jahaatti hidhatti jedhan Aadde Girjaan.

Dubartii deessuun Qanafa



hidhatte mirgootaafi kabajaawwan dabalataa qabdi kan jedhan ammoo maanguddoo aanaa Kofalee Obbo Gabramadin Guyyeeti. "Deessuun Qanafa kanaan kabajamti. Gaafa godaansa Gadaa wayyoomni yoo himamulleen dubartiin Qanafa qabdu kabajaa guddaa argatti. Dubartiin Qanafa qabdu hin arrabsantu, manattis alattis hin rukkutamtu," jedhan.

Kana malees, lafa gabaatti, bakka bishaan waraabaniitti, bakka midhaan daakkataniifi iddo dabareedhaan tajaajilaman kamittuu dubartiin Qanafa hidhatte dursa argatti malee hin hiriirtu jedhan.

Abbaan manaa yoo haadha manaasaa kan Qanafa hidhatte reebemmoorabbii akka qabus himu. Abbaan

warraa yoo dubartii Qanafa qabdu rukkutte dubartooni Siinkee qabataniifi abbaa manaa sanatti ililchu. Badii raawwate kanaaf dallansuusaanii ibsu. Abbaan manas waan balleesse kanaaf horii yookaan hoolaa qalee dhiifama gaafata jedhan.

Siinqueen ulee laaftuu durbi Oromoo guyyaa cidhashee akka kennaatti fudhatty. Durba heerumtu sana aangoo, mirga, haqaafi walqixxummaashee ittiin kabachiiftu gonfachiifti Siinqueen. Abbaan warraa yoo ishee dhaane, ililchaa Siinqueshee qabattee gadi baati. Dubartooni ollaas Siinqueesaanii qabachuun ililleesheef dirmatu. Hamma rakkoonshee karaa maanguddoona fala argatutti manatti

hin deebitu. Siinqueen aangoo hawaasa biroollee dubartiidhaaf kenniti jedhu warri aadaa qoratan.

Kanaaf dubartiin Qanafa hidhattee jirtu tokko kabajaafi bakka isheef malu mallattoo ittiin argattu waan ta'eef, kun cabee jennaan ammoo aadaa Siinqueedaan qajeelaaf jechuudha.

Deessuun Qanafa qabdu yoo mana namaalleen deemte addatti waan kabajamtuuf dhadhaa dibamtee aannan dhugdeeti kan galuu qabdu jedhan. Dubartiin deesee Qanafa hidhatte kun hanga ji'a jaha guuttee Qanafa kana hikkattutti abbaa warraa shee waliin qunnamtii saalaa hin gootus jedhan Obbo Gabramadihin.

Ji'ajahaan boodaergayeroon Qanafa hidhatan xumuramees Qanafaan kun olkaa'ama. Qanafa kana hin gatan. Dhadhaa dibanii coonessanii fannisanii olkaa'u jedhan. Akka Aadde Girjaan jedhanitti ammoo Qanafaan dhaalaanis ijolleecofitiif ni dabarsu. Qanafa kana namni dhala dhaabe ni olkaa'a. Yeroo mucaan kiyya fuudhee daa'ima godhatun haadha manaasaatti hidha jechuun akka aadaan qanafaan kun darbu ibsu.

Maddi :-BBC Afaan Oromoo

Finxaaleessummaan summi sab-daneessummaati; haa facifnu!

Baale

Obbo Baqalee Gammachuu Badhaanee Waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa mana jirenyaa Lakk. Galmee B-1584 ta'eefi Lakk. Kaartaa isaa 0108/2009 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee Magaalaa Roobee Ganda Walta'ii Caffee keessatti kennameef hafteen isaa mana Galmee keessaa waan jalaa badeef kan biraabakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate galmeero banneefi tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee.

Iyyataan Obbo Xaahir H/Qaasim mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 400M² irratti argamu irraa hiri'isanii bali'ina lafaa 200M² ta'e Aadde Muzaa'iin Soomootti waan gurguratanifi kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. Deeskii Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Xaahir H/Qaasim mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 400M² irratti argamu irraa hiri'isanii bali'ina lafaa 200M² ta'e Aadde Misiraa H/Kadiiritti waan gurguratanifi kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. Deeskii Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Isheetuu Gabayyoo mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 250M² irratti argamu Obbo Abbiluu Adimaaseetti waan gurguratanifi kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. Deeskii Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo M/Yasin A/Jabbar mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Abbiluu Adimaaseetti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Kamaal Abdullaahii Adam mana jirenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu bali'ina lafa 598M² irratti argamurraa qoodanii 200M² ta'e Obbo Abdii Kamaal Abdullahiitif kenuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin kennaan kun kan heeyamaamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Booranaa

R/Himataan Waldaa Aksiyonaa Telekom Hiddaasee Damee Kibbaa B/bu'an Kindee Asaffaai R/Himatamtooni 1^{fla} Obbo Firdaawwaq Zarihuun 2^{fla} Obbo Bulee Jaatanii jidduu falmii waa'ee raawwi jiru ilaalchisee R/himataan raawwii himatamtootaa qaqqabsiisee beellama gaafa 13/06/2015 sa'aatiif 4:00irratti bu'aa akka dhiyeessu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/BooranaaDhaddacaha H/Hawaasaa Yaabaloo.

Guji

mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyi keessatti maqaa Waldaa Guutuu Waangeela Shaakkisootiin galmaa'ee argamu bali'inni lafaa isaa 384M² irratti argamu B/Bu'ummaadhaan Obbo Birhaanuu Margaa dabarsanii Obbo Alamaayyoo Dureessaatti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Tazarraa Hayiluufi Hiwoot Adaanee mana jirenyaa Lakk.isaa AW/GQE/007 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Daldaalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 433 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 6566/15 ta'e Obbo Mahaammad Aliitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoosaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraa maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Tazarraa Hayiluufi Hiwoot Adaanee mana jirenyaa Lakk.isaa AW/GQE/007 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Daldaalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 493.62 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 6564/55 ta'e Obbo Mahaammad Aliitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoosaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraa maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Amaarech Addunyaa mana jirenyaa Lakk.isaa AW/GLD/82 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda L/Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 6215/15 ta'e Obbo Mchaal Tafarraa Asfaawutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoosaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraa maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Hiwoot Waanyewu mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Udddeeyyi keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 500M² irratti argamu irraa qoodanii 150M² ta'e Obbo Abarraa Maarqoositti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Dastaa Woddeessaa mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Udddeeyyi keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu karaa bakka bu'umma Obbo Dooyyoo Dhaddachaatiin dabarsanii Obbo Shaanbal Hoxxeessaatti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Darajee Girmaa mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Udddeeyyi keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu obbo Tsaggaawu Tashoomeetti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Dooyyoo Dhaddachaa mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Udddeeyyi keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 533.6M² irratti argamu Obbo Utukaanaa Yaachisitti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Falaasfaa Tarrafaa mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Utukaanaa Yaachisitti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Abaal Fallaqee manajirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Tsaggaawu Tashoomeetti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Wubeet Maazangiyaa mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Machaal Woyyeessaatti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Bisilee Tsagaayee mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Bilisummaa Balaxeetti gurguradheera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Farihaan Abdullaahii fi Aadde Faaxee Godaanaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jirenyaa Lakk. Sayit pilaanii 8659/BMN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira 473.4M² irratti Magaalaa Nageelée ganda 03 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Bonayyaa Waqoqo Halaakeetti gurguranneerra waan jedhanii, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageelée.

Obbo Ya'iioob Gazzahaanyi qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jirenyaa Lakk. Sayit pilaanii 1090/BMN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira 200M² irratti Magaalaa Nageelée ganda 03 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Naa'ol Taaddasaa B/B Aadde Maakibeel Taayyeetti gurguradheera waan jedhanii, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageelée.

Aadde Sittinaa Kadrii mana Jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 190M² irratti argamu dabarsanii Obbo Eebbisaa Ahimeditti gurguree jira jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Komaandar Taaddasaa mana Jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Gammachuu Dukkaleetti gurguree jira jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Asnaaqee Laggasaa mana Jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Udddeeyyi keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 281.76M² irratti argamu dabarsanii Obbo Asichaalewu Asnaaqueetiif kenneeraaf jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Badawwi Kadiiriif Aadde Zahaaraa Jamaal B/B Hiyaar Radii qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jirenyaa Lakk. Saayit Pilaanii isaa 0517/BMN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira 200 irratti maqaa Obbo Badawwi Kadiiriif galmaa'ee Magaalaa Nageelée ganda 01 keessatti argamu Lakk. manaa ---- ta'e Obbo Abbaas Radii Kadiiriif gurgureerra waan jedhanii, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageelée.

Obbo Asimallaash Salamoon mana jirenyaa magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Oddoo Doolaa keessatti lafa M² ---- irratti argamu lakk. isaa AW/God/224 ta'e lakk. kaartaasaa 4918/14 ta'e Obbo Horoo Sorsaatti gurguraniif maqaan akka naanna'uuf waliigalteesaanii dhiheessaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne maqaa gara bitataatti kan jijiirru ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Muluu Nigaatuu Fallaquaa mana Jirenyaa Lakk. isaa OR043010713004 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda O/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 5785/14 ta'e Obbo Hoxxeessaaii Alafaa Teephitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoosaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraa maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Saamu'eel Geetaachoo fi H/Maariyaam Worquu mana Jireenyaa Lakk.isaa OR043010702008 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda O/Doolaa keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 5274/14 ta'e Baayyisaa Taarikuu Taaddasaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Shayyibii Abdallaa mana Jireenyaa Lakk.isaa Aw/GBB ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 149.85M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4507/13 ta'e Abdulqaadir Siraaj Yusufitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Badhaadhaa Tolosaa Goddaa mana Jireenyaa Lakk. isaa Ad/God/319 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 5832/14 ta'e Masfin Beekumaa Tarreessaatti waan gurguraniif waliigaltein akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Birhaanuu Basaayyee mana Jireenyaa Lakk.isaa Aw/GBB/390 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenya hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 5246/14 ta'e Andu'aalem Girmaa Fayyisaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Mallasa Gazzahanyi B/B Aadde Asteer Gazzahanyi qabeenymmaa isaanii kan ta'e mana Jireenyaa Lakk.kaartaa isaa 8546/BMN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira 600M² qabu irraa addaan quodee lafa kaareemeetira 200M² irratti maqaa Obbo Mallasa Gazzahanyiiti Magaalaa Nageellee ganda 01 keessatti galmaa'ee beekamu Lakk. manaa ---- ta'e Obbo Geexiyee Mangistuutti gurguranneerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanneuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee

Iluu Abbaa Boor

Aadde Shamsiyyaa Jamaal mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisa Odaa keessaa qaban maqaa isaanii galmaa'ee jiru Lakk. kaartaa isaa isaa 3654/02/2014 ta'e lafa bali'inni isaa 250M² irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo mana jireenyaa kan ta'e Obbo Naziif Suleemaanitti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Aadde Daraartuu Tsaadiquu mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/260/2013 ta'e Aadde Kadijaa Chokkolitti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.

Dargaggooni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haansomaa keenyaaf murteessoodha!

Obbo Faantaa Alamuun kan Jedhaman Godina Buunoo Baddallee Aanaa Baddallee Ganda Dikaa Guduruu iddo Yaa'aa Yeerii jedhamutti hojji hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Cilee akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojji 7keessatti barreffamaan Abbaa Taayitaa keenya akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	194988	936066
2	196395	936874
3	196668	936247
4	195288	935466

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa

BLOCK-1

Dhaabbanni "Bikiltu Borecha Exploration Of Mineral Plc" kan Jedhaman Godina Buunoo Baddallee Aanaa Boorrachaa Ganda Miretoo iddo Bissili jedhamutti hojji hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Cilee "coal"akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojji 7 keessatti barreffamaan Abbaa Taayitaa keenya akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	242976	917377
2	242644	917013
3	242300	917282
4	242632	917616

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa

BLOCK-2

Obbo Faantaa Alamuun kan Jedhaman Godina Buunoo Baddallee Aanaa Baddallee Ganda Dikaa Guduruu iddo Yaa'aa Yeerii jedhamutti hojji hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Cilee akka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojji 7 keessatti barreffamaan Abbaa Taayitaa keenya akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	239886	916254
2	240156	915552
3	238976	915497
4	238695	916129

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa

Aadde Birgee Taaddasaa, Aadde Warqee Taaddasaaifi Aadde Zannabech Taadasaa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisa Odaa keessaa qaban maqaa isaanii galmaa'ee jiru Lakk. kaartaa isaa isaa 4015/02/2015 ta'e galmaa'ee lafa bali'inni isaa 312M² irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo mana jireenyaa kan ta'e Obbo Naziif Suleemaanitti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Musxafaa Yaanfaa fi Aadde Anbaruu Hasan mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramu Gootaa) keessatti argamu qabeenya hin sochoone Lakk. Kaartaa 4805/2015 ta'e bali'ina lafaa isaa 275M² irratti maqaa isaanii galmaa'ee argamu Obbo Muhaammad Shamutti waan gurguratanii jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatuuf jedhaniif iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenya kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijiirraan maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Beddellee.

Obbo Fiqaduu Boggaalee Aanaa Gachii ganda 01 Zoonii U/Jimmaa 1^{ffa} keessatti qabeenya hin sochoone mana maqaa isaanii galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa MMLM-0405/2015 ta'e Obbo Mulugeetaa Bantiitti gurguradheera jedhanaiiru. kanaafuu, namni mormu ykn mirga qabeenya kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa A/Gachii.

Obbo Girmaa Asiraatifi Aadde Atsaduu Mirkanaa Aanaa Gachii ganda 01 Zoonii Kaachisee keessaatti qabeenya hin sochoone mana maqaa isaanii galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa MMLM-0292/2013 ta'e Obbo Abdulkariim Sulxaanitti gurguradheera jedhanaiiru. kanaafuu, namni mormu ykn mirga qabeenya kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan gaafachaa,yoo hin dhiyaanne ta'e gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa A/Gachii.

Obbo Boggalee Maaroo mana jireenyaa tajaajila (R2) balbala tokko maqaa isaanii galmaa'ee jiru Obbo Huseen Faarisitti waan gurguraniif jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatuuf jedhaniif gaafataniiru. Kanaafuu Akkataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gordommoo.

Obbo Tamaam Shamsuu mana jireenyaa tajaajila (R1) balbala tokko maqaa isaanii galmaa'ee jiru Obbo Huseen Maccaatti waan gurguraniif jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatuuf jedhaniif gaafataniiru. Kanaafuu Akkataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gordommoo.

Obbo Girmaa Boodanaa mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii-- ganda 01 keessa maqaa isaanii galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu Obbo Sulxaan Adamitti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.

Zinyaa Maammoo mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu ganda 01 keessa naanoo Bariitee Zoonii Bilbilaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira -- irratti argamu Obbo Yaadatee Nagariitif kenneeraaf waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Geetaahuun Kabbadee mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu Zoonii Bilbilaa ganda 01 keessa maqaa isaanii galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 500M² irratti argamu Obbo Waasiuhun Garramuufi Geetuu Ittafaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.

Aadde Balaayinesh Dhugumaa mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Bilbilaa ganda 01 keessa maqaa isaanii galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 350M² irratti argamu Obbo Maandafiroo Taaddasaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Tewadee Birhaanuu mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii bilbilaa ganda 01 keessa maqaa isaanii galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 600M² irratti argamu Aadde Buzunesh Galataafi Obbo Saamu'eel Alamaayoottti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Mohaammad Bilaal mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu ganda 01 keessa maqaa isaanii galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 500M² irratti argamu Obbo Malaakuu Habtuufi Takkee G/Alfaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Bisiraat Geetaachoo mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Deegaabaasi ganda 01 keessa maqaa isaanii galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 483M² irratti argamu Obbo Malaakuu Habtuufi Aschaaloo Caalchisaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.



Muuxannoo

Masarat Amanaa

"Icciiitiin milkaa'ina kiyyaa rakkoo dandamadhee kaayyoo kiyyaatti cichuudha"

Barataa Girmaa Dhaabaa

Barataa Girmaa Dhaabaa barataa collee ijoollummaasaarrraa mataasaa danda'e barataa ture, dareefi mana barnootaa keessatti barate hundatti tokkoffaa ba'a nama tureedha.

Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aanaa Muloo keessatti dhalate. Maatii qonnaan bultoota ta'an, kanneen barnootarratti hagas mara hubannoo hin qabnerraal dhalaachurraa kan ka'e jireenyisaa ijoollummaatti qormaataan eegaluu hima Girmaan.

"Maatiin kiyya barnootarratti na deeggaruu waan hin dandeenyee ergan guddadhee sadarkaa of gargaaruurra ga'een barnoota eegale," jedhe.

Bara 1993 umriisaa waggaa 13'tti barnoota eegaluu kan himu Girmaan, "wayita qonnaan bultoonni guyyaa qonna qotaa oolanii galgala barumsa ga'eessotaan baratan animmoo guyyaa horii eegaa ooleen galgala isaan waliin barachuu eegale," jedhe.

Girmaan erga of beekee barnoota waan eegaleef barnoota eegalee torbee jalqabaa [Wiixataa hanga Jimaataatti] keessatti kitaaba haalaan dubbisuu akka eegale hime. ALI Bara 1993 barnoota ga'eessotaan eegalee bara 1994 ammoo kutaa tokkoffaatti galmaa'ee dareetti barachuu eegale.

Kutaa 1^{flaa} hanga 10^{flaa} Aanaa Mulootti barachuu kan himu Girmaan, dareesaarrattis ta'e akka mana barnootaa guutummaatti tokkoffaadhaan akka xumure hima.

Girmaan sadarkaa argatee badhaafamaa kan ture jiruu humnaa dirqama itti ta'en wal'aansoo qabaadha. "Kutaa 1-6tti guyyaa keessatti walakkaa hojii qonnaarratti dabarsaan baradhe. Barumsa kiyya osoon adda hin kutin hojjechaan barachaa ture."

Kutaa 6 keessaa darbuun wayita barnoota itti aanutti cehu qe'essaarraa miilaan deemsa sa'atii sadii deemee barachuuf dirqame.

"Kun barnoota kiyya itti fufurratti baayyee na qore. Kanaafuu maal hojjedheen baradha jedheen yaaduu eegale. Barattoota abbootii qabeenyaa ta'an kan waliin barannu dabalatee qo'achiisuun eegale, haala kanaan barnoota kiyya osoo adda hin kutin itti fufe."

Girmaan kutaa 8^{flaa} qormaata ministirii qoramuun qabxii 99.9 fide, kutaa 10^{flaa} ttis qormaataa biyyalessaa (maatirikii) gosa barnootaa qorame kudhan keessaa sagal A+ galmeessuu Afaan Amaaraa qofa B fiduun milkaa'e.

"Kutaa 10^{flaa} qabxii 4 fideen Mana Barumsaa Qophaa'inaa Sululta-Caancoo Abbaa Gadaa seene. Asitti hojii barattoota qo'achiisuun akkan itti hin fufneef namoonni na hin beekan. Kanaafuu hojii humnaa hojjechuun itti fufe," jechuun qormaati haaraan isa mudachuu ibsa.

Barnoota kiyya adda kutuurra hojii humnaa hojjechuun haga ba'a baachuu ga'eera jedha.

Sababa jireenyi itti cimeefi hojii humnaas hedduummeesseef dhiveen kalee isa qabuu kan himu Girmaan, "Kanarraa kan ka'e qabxii kutaa 12ffaa seensa yuuniversitii argachuu hin dandeenyee," jedhe.

Qabxii fooyeffachuuf Waardiyaa ta'e!

Girmaan qormaata kutaa 12ffaa seensa yuuniversitif fudhatamu jalqaba yeroo fudhatu qabxii 700 iraa 298 qofa waan argateef darbuu hin dandeenyee.

Dhiibbaa jireenyarraa kan ka'e dhukkubbi kalee natti

cimee qabxii ga'a fiduu baadhus abdii kutadhee hin teenye jechuun hima.

"Yoon baadiyyaatti deebi'e hojii nan hojjedha, garuu ibsaa argadhee qo'achuuuf nan rakkadha. Garuu ammas taanaan an yuuniversitii galuu qofa osoo hin taane qabxii olaanaa akkan fiduu danda'u dhibbaa dhibbaa nan amana."

Kaayyoofi mul'atasaa kana milkeessuuf magaalaa keessaa hojii gosa kamuu taanaan hojjechuuf murteesse. "Jalqaba hojii waardiyyummaa eegaleen achumatti qo'achuu itti fufe. Haata'u malee, mindaan ji'aan argadhu [qarshii 500] na jiraachisuun hin dandeenyee. Kanaafuu hojii bira- mana simito hojjechuufi guyyaa guyyaa ammoo ba'a baachaa qo'annaa kiyya itti fufe," jedha.

Girmaan waggaa eegee qorumsaaf taa'us ammas ifaajeensaa hin milkoofne, qabxii 267 fidee kufe.

Haata'u malee, osoo harka hin kennin yeroo sadaffaaf qoramee qabxii guddaa 500 fiduun Yuuniversitii Walaayitaa Sooddoo seenee barnootaa Faarmaasi baratee eebbfame.

Girmaan akka jedhutti dhukkubni kalee mana barumsaa qophaa'inaatti isa eegale yuuniversitiliee biraan hin hafne. "Yuuniversitii waggaa tokkoffaan akkuman eegaleen natti cimuu eegale. Maallaqan ittiin yaalamus nama na gargaarus hin qabun ture. Hangan barnoota kiyya adda kututti natti cime," jechuun ammas qormaati biraan isa qore.

Sababa dhukkubi kalee itti cimeef barnootasaa itti fufuuf kan rakkate Girmaan, taa'ee barachuu gonkumaa akka hin dandeenyee ibse.

"Wayitan taa'uu baayyee na dhukkuba ture. Qilleensa gashuufi baasuun dadhabe. Kanaafuu dhaabbadhee barachuuf akkasumas yeroo natti cimutti ammoo dareedhaa gadi ba'uuf mana barumsaa Faarmaasiitii iyyadhee jennaan barsiisoti hundi naaf eeyyaman," jedhe.

Waggaa tokkoffaatti dhaabbatee barachuun gosa barnoota hundumaa A+ fiduun hime Girmaan. Qabxii 4 keessaa 4 fiduun waggaa lammafaatti darbus amma ammoo gaaga'ama lubbuuf akka isa sodaachise dubbata.

"Wayita kana barnoota kiyya adda kutuuf nan dirqame. Hospitaala Xiqur Anbassaatti riifarii naaf barreessan. Barumsa kiyya adda kutuurrta jedheen beellama hordofaa barumsa kiyyatti ciche. Daree galee barachuu baadhus odeeefannoont hiriyoota kiyyarria argadhuun qo'achuu itti fufe." Qormaati isa mudate kun qabxiisaarratti dhiibbaa umuu kan hime Girmaan, qabxii afur keessaa 3.8 argatee darbuu hime.

Girmaan yuuniversitii seenee waggaa lammafaa gara dhumaasaatti deeggarsa yuuniversitii, hiriyootaafi barattoota iraa walitti qabameef naannoo qarshii 80,000tiin yaalamee haga tokko itti fooyya'u hime.

Waggaa sadaffaarratti haga tokko fooyya'iinsa agarsiisuu gosa barnootaa hunda A+ fiduun gara waggaa afrappaatti darbe. Waggaa sadaffa gara dhumaafi guutummaa waggaa afrappaatti ammoo ammas qormaati biraan isa mudate - dhukkuba onneen qabame.

Dhiibbaa dhukkuba kalee jalaa dandamachuuf dhaabbatee barataa turuu kan hime Girmaan garuu dhukkuba onneef ammoo dhaabbachuu waan nama hin dandeessifneef ammas waggaa afrappaatti guddoo

qoramuu hime.

Mana kitaabaallee seenee dubbisuu dadhabe. Boodarraa jilbeenfadheen dubbisuu eegale. Kun hanga tokko furmaata naaf ta'e. Ammammoo barattooni haaraan miirasaanii gara kiyya godhan. Akka waan barumsi natti cimee dhiphadhetti [tension] na fudhatan. Kunimmoo hamilee na buusuu eegale," jedhe.

"Duuba doormii kiyyatti galeen yeroo kaan jilbiibiidhaan yeroo garii ammoo dhaabiidhaan qo'annaa kiyya itti fufe." Wagga shanaffaarratti immoo dhukkubni madaa'u garaacha itti dabalamuu kan hime Girmaan, "dhukkuboонни kunneen sadan walitti ida'amani akkan guutummaatti kutaa seenee hin baranne na godhan," jedhe.

"Ammallee harka hin laanne. Akka fedhaafi dandeetti kiyyaatti garuu hin qo'anne. Ta'us garuu waggaa shanaffaas qabxii bareeda fideen xumure."

Girmaan qormaata kana hunda dandamatee qabxii 4 iraa 3.95 akkasumas A+ 37 galmeessuu waggaa shan xumuree yuuniversitiidhaa ba'e. "Akka dandeettiifi karoora kiyyaatti qabxii yuuniversitii hunda A+ fiduun 4 fidee eebbfamuu ture. Ta'us qormaata kana hunda baadhee hagana fiduunwaan boonsaadh."

Girmaan birkii barnootaa Faarmaasiin hunda caalee meedaaliyaa warqii argateera, akka waliigalaattis (mooraadhaa) qabxii olaanaa fiduun waancaa badhaafameera.

Girmaan yeroo ammaa yuuniversitiiraa eebbfameera. Hojii qabachuu dura qormaata COC qoramuuf eegaa jira.

Rakkoo dandamatani kaayyootti cichuu

Girmaan uumamusaa rakkoo keessatti kufee achi keessa tururra furmaata itti keessaa ba'u barbaaduutti akka xiyyeffatu hima. "Iccitiin milkaa'ina kiyyaa rakkoo dandamathee kaayyoo kiyyatti cichuudha," jedhe.

"Rakkoo keessatti kufee duubatti deebi'uurrta furmaata barbaadee keessa ba'e milkaa'urratti xiyyeffadha." Rakkoo kamuu sammuu ofitti fayyadamanii keessa kutuun ni danda'ama jedhee waan of amansiisuuuf milkaa'u hime.

Wayitanni qormaata kutaa kudha lammafaa yeroo lama kufu yaadi hamileesa buusu, ammoo kan isa jajjabeessus kennamaafii akka ture hime. "Yeroon irra deddeebi'e kufu hiriyoont koos maatinis abdii kutatanii turan. Barumsarria carraa hin qabdu waan ta'eef hojii biraan eegali, umrii kees hin gabin naan jedhan."


Ammoo kan "homaa miti ni dabarta. Waan guddarri ni geessa, jabaadhu," kan jedhanis jiru. Rakkoo isarratti hedduummaate hunda dandamatee amma kaayyoosaa galmaan ga'achuutti gammachuu guddoo akka qabu kan hime Girmaan, gara fuulduraattis barnootasaa hanga sadarkaa PhDTti barachuun qoricha aadaa jiran beeksisuu akka barbaadu hime.

"Waanan barachuuf hawwu ijoollumaa koottin tartiibaan teechisee ture. Walduraa duubaan Paayileetii, Medisinii (Doktara ta'u) fi Faarmaasistii ta'uuf karoorfadheen ture," jedhe Girmaan.

Hawwii kiyya keessaa tokko kan ta'e Faarmaasiin na ga'eera jedhe. Imalli isaa milkaa'inaa garuu dheeraafi ba'a ba'iin kan guutamedha.

Maddi: BBC

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Gabaasa raawwii piroojektootaa hanga kurmaana 2^{ffaa}tta

Mootummaan Naannoo Oromiyaa galmoota karoora imala badhaadhinaa waggoota shanan itti aanan keessatti gama dinagdeefi hawaasummaatiin karoorfame milkeessuu hojjiwwan bu'uuraalee misoomaa diriirsuu akka hojji ijoo tokkootti qabachuun bu'aawan gaggaarii galmeessaa jiraachuunsaa ni beekama.

Haaluma kanaan bara bajataa 2015 keessatti hojjiwwan pirojeektota bulleyyifi haaraa bajata mootummaa, sagantaalee gargaarsa adda addaafi hirmaanna ummataatiin hojjetaman sadarkaa naannoofi bajata aanaalee/bul/magaalotaatiin hojjetaman raawwii hanga kurmaana 2ffaatti jiru, ciminoota, hanqinaaleefi rakkolee adda bahan, akkasumas dhimmootni xiyyeffannoo barbaadan adda baasuun bakka hoggantootni ol'aanoo naannichaafi caasaleen hundi jiranitti Magaalaa Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti dhiyaate jira.

Raawwii pirojeektota sadarkaa naanno / godinaaleetiin gabaasni kilaastera afuriin quoduu dhiyaate jira.

Akka Seektara Horataaleetti pirojeektota bulleyyii 11fi haaraa 7 walitti Pirojeektota 18 karoorfamanii hojjatamaa jiran keessaa hanga kurmaana 2ffaatti pirojeektotni 2 hojjiitti kan hin galle ta'uu hubatamee jira. Kana jalattii Biirroo Galiiwwaanii, Ejensii Gameessa Sivilii, Biiron Mallaqa, Abbaa Taayitaa Zoonii Diagdee Addaa Gadaa baayy'ee gad-aanaa ta'uu Komishinii Karoorifi Misooma gaarii ta'uu gamaaggomeera.

Walumaa gala akka Kilaastera Misooma Baadiyyaatti pirojeektota bulleyyii 1,044fi haaraa 12,959 walitti pirojeektota 13,959 bajata Mootummaa Naannoofi Federaalaatiin, hirmaanna ummataa, sagantaalee deggarsaafi liqii adda addaafi Dhaabbilee Miti Mootummaa adda addaatiin karoorfamanii hojjatamaa jiru. Kana keessaa hanga kurmaana kanaatti kan xummuraman 2,632fi kan sochii qaban 2,652 yoo ta'uu pirojeektotni 8,675 ammaliee sababoota adda addaatiin osoo hojjiitti hin galin dhaabbatanii kan jiran ta'uu hubatamee jira.

Kanaanis birolee kilaastera kana jalatti hammataman keessaa Biirroo Qonnaafi Abbaa Taayitaa Misooma Albudaa ol'aanaafi daran ol'aanaa keessa haa jiraan malee kaan raawwiin hojji pirojeektota isaani baayy'ee gad aanaadha. Sabaabaa raawwiin kuni gadi aanaa ta'eef immoo rakkoo nageenya, rakkoo diizaayiniif qoranno, qala'insa meeshaalee ijaarsaafi gabaarraa dhabamu simminto, rakkoo daangaafi goginsa boollaa, ujumoon yeroo dheeraaf awwalamee ture amma pirojeektichaa xummuruuf yeroo yaalamuu dhodho'uu, humna dhaabuu IMX / Kontiraktaraa, waliigaltee addaan kutuu, dorgomaan dhabamuu, rakkoo qulqullina ijaarsati. Kan biraan immoo rakkoo dhiheessi meeshaalee adda addaa (keessumattuu Fitting, Transformer, Paampii, Electromechanical) irraa kan ka'e pirojeektonni akka dhaabbataniiif sababoota isaan ijoo gamaaggama kanarratti ibsameera.

Akka Kilaastera Magaalaatti magaalota UIIDP fi UIP pirojeektota akka waliigalaatti kan ce'e 217 yoo ta'uu, waliigalaa pirojeektota sagantaa bara kana ni xummurama jedhamee kan karoorfame pirojeektota



183 yoo ta'u, hanga kurmaanaatti pirojeektota 88 xummuruuf karoorfamee 72 (%82) xumurameera.

Waliigalaa pirojeektota sagantaa UIIDP fi UIF karoora 1,254 keessaa kan diizaayinii xummuramee pirojeektii 1,248(%99.5), Caalbaasii kan bahe 1,128 (%90.4) ta'a .

Akka Seektara Magaalaatti pirojeektonni bulleyyifi haaraa 1,288 walitti pirojeektota 2,488 karoorfamanii hojjetamaa jiran keessaa hanga kurmaana 2ffaatti pirojeektotni 1,825 hojjetamaa kana jiraniif pirojeektonni 79 kan xummuraman yommuu ta'u, pirojeektonni 512 sochii kan hin qabne ta'uu hubatamee jira.

Haaluma kanaan pirojeektonni 296 rakkoo nageenyaatiin dhaabbatanii jiru. Humna dhabuu kontiraakteraatiin pirojeektota 70, gaaffii reettiitiin dhaabbatanii hanga ammaatti kan hojjiitti hin galle 11, Pirojeektonni UIIDP fi UIF 126 hanga ammaatti caalbaasiin itti hin bahin akka jiran gabaafameera.

Akka Seektara Hawaasummaattis pirojeektota bulleyyii 289 fi haaraa 90 walitti pirojeektota 379 karoorfamanii hojjatamaa jiran keessaa hanga kurmaana 2ffaatti pirojeektootni 92 hojjatamaa kan jiranii fi 30 kan xummuraman yommuu ta'u pirojeektotni 287 sochii kan hin qabne ta'uu raawwiin baayy'ee gadi aanaa akka ta'u taasisee jira. Raawwiin pirojeektota kunis sababoota rakkoo nageenyaatiin pirojeektota 37 hojjetamu dhabuu, qala'insa gatiifi dhiyeessiin simminto dhabamuu, kontiraaktarri dhiisee baduufi xiyyeffannoo dhabuudhaan kan harkifataniidha.

Egaa pirojeektota haala rakkisoo keessa taa'anii ciminina kan hojjetamanis akka jiran ka'aniiru. fakkenyaaf gamoo B/Gonofaa fandii argamsiitsu (Kolfee)fi bakka tokko tokkotti hordoffi pirojeektota naannoofi godinaarratti jiru fooyee kan qabu ta'uu.

Hanqinaalee akka waliigalaatti mul'atanin pirojeektotni baay'een yeroo karoorfameefi sagantaa raawwii hojjiitiin deemuu dhabuu. Pirojeektota sadarkaa naannoofi godinatti hojjataman ragaa guutuu caasaa sadarkaan jiraniif gadi buusuun akka hordofaniif beekamtii kennuu dhabuu, duraa duuba hojji eeguu hojji jalqabsisuu dadhabuu ijaarsarratti hanqinni akka mul'atu taasiseera.

Rakkolee qala'insa gatiif dhabamuu meeshaalee

ijaarsaa keessumattuu simmintoon harkifanna pirojeektotaaf sababa guddaa ta'uu, waliigalteen hojjiira ooluu dhabuufi ittigaafatatummaa dhabamuu, diizayinii yeroo gara yerootti jijiiramu, bakka tokko tokkootti daangaa pirojeektotaa kabachiisuu dadhabuu, duraa duuba hojji eeguu hojji jalqabsisuu dadhabuu fa'i.

Fakkenyaaf pirojeektota bishaanii keessatti osoo maddi bishaanii (BGF) hin baramin hojji siviili xummuruu, rakkoo kontiraaktarootaa (humna dhabuu, waldaaleen IMX Pirojeektota fudhatan hojji dhiisanii baduu). Rakkoo sodaa nageenyaatiin kontiraakterootni hojji lafarr harkisuu, gaaffii reettiitiin dhaabbatanii kan turan hanga ammaatti hojji keessa kan hin galle jiraachuu fkn. Pirojeektota CHU(iddoo oomishaaf gurgurtaa OCC'n hojjachaa ture).

Pirojeektotni hanga ammaatti caalbaasiin hin xummuramin kan jiran ta'uu. fkn. UIIDP fi UIF 126, maachiingi fandii fayyaa akka rakkoo hamaatti eeramaniiru.

Kanaaf akka yaada furmaataattii kan ka'an hordoffi pirojeektotaa sadarkaan jiru cimsuu pirojeektotni yeroo karoorfame keessatti akka xummuraman taasisuudha. Ragaa guutuu pirojeektotaa caasaa sadarkaan jiruuf gadi buusu barbaachisaa ta'uufi waliigalteen hojjiira ooluudha. Dabalataanis bulchiinsa kontiraataa cimsuu ittigaafatatummaa akka jiraatu taasisuun murteessaadha.


Pirojeektota bulaniifi bara kana xummuramuuf karoorfaman irratti xiyyeffachuu, pirojeektota sababoota adda addaatiin dhaabbataniiif sadarkaan caalbaasii isaanii hin xummuraman xiyyeffannoo kennuu hojjiitti galchuu, hojjiwwan dabalataafi fooyya'insa hojji, akkasumas jijiirama diizaayinii yeroo yeroon uumamu xiinxaluun dafanii deebii kennuu kurmaana itti aanu keessatti pirojeektota karoorfaman xummuruun barbaachisaadha jedhamera.

Gama biraan immoo dhiyeessiin meeshaalee ijaarsaa keessumaa simminto waliin kan walqabatu furmaata hatattamaa kan barbaadu ta'uufi abbootiin pirojeektotaaf gorsitootni pirojeektiin osoo rakkoo keessa hin seeniin yeroo yeroon hordofuufi deeggaruu qulqullinasarratti xiyyeffachuu murteessaa akka ta'e kallattiin taa'ee jira.

Barumsi naanno hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!



ethio telecom™



Sagantaa KALAQAA ITIYOOTEEL



**WARREEN
FILATAMAN
100**



Deggarsa Ogeessaa fi galtee
Muuxannoodhaaf imala gara Chaayinaa

**Kalaqxoota teeknooloojii fi daldalaa garee teeknooloojii
faayinaansii fi furmaata kilaawudii irratti bobba'an.**

Afeerraa
Hirmaannaa
Marsaa 1^{ffaa}

Hanga Bitootessa 03 bara 2015

Odeeffannoo dabalataaf www.ethiotelecom.et/ethiotel-innovation daawwadhaa



Dr.Salamoon Taaddasaafi Aadde Shawaayyee Indaashawu mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Sayya keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 621/01/2009 ta'e maqaa Dr.Salamoon Taaddasaatiin galma'ee lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R1 ta'e Gaashahun Taaddasaati gurguranneera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Mahaammad Saalii Bashiiriifi Aadde Nudaa Biradaa mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qollo Korma keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 652/03/2007 ta'e maqaa Obbo Mahaammed Saaliitiin galma'ee lafa bali'inni isaa 284M² irratti ijaaramee jiru sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo EA kan ta'e Obbo Qaasim Jaamal Bayaanitti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Eeliyas Ragga'aa fi Aadde Zinnaayee Wadaajoo mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 479/97 ta'e maqaa Obbo Eeliyas Ragga'aa tiin galma'ee lafa bali'inni isaa 360M² irratti ijaaramee jiru sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo Mana jirenyaa kan ta'e Obbo Kadiir Shifaatti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Waasiuhun Sintaayyoofi Aadde Kooree Amantaa mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 4039/02/2015 ta'e maqaa Obbo Waasiuhun Sintaayyootiin galma'ee lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R1 kan ta'e Aadde Kaadijaa Adaamitti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Warqaalem Abarraafi Aadde Tamiimaa Faaris mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Korma keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 4098/03/2015 ta'e maqaa Obbo Warqaalem Abaraatiin galma'ee lafa bali'inni isaa 160M² irratti ijaaramee jiru sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R1 kan ta'e Aadde Faasikaa Wubaayyooti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Mahaammad Mashashaa mana jirenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo ganda 01 keessatti kan argamu lakk. kaartaa isaa 0053/2003 bali'ina lafaa 300M² irra jiru Obbo Abbabee Tafariitti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Bachoo.

Aadde Geexee Dibaabaa mana jirenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo ganda 01keessatti kan argamu lakk. kaartaa isaa 377/2015 ta'e bali'ina lafaa 267.5M² irra jiru Obbo Anteenee Gazzaanyitti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Bachoo.

Aadde Zertihun Zawudee mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/borii ganda 01keessatti argamu ballinnisaa M²500 ta'e irratti argamu Obbo Dirribaa Qalbeessaatti gurguradheera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhihaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrumuu.

Obbo Alamu Kadiroo mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/borii ganda 01keessatti argamu ballinnisaa M²200 ta'e irratti argamu Obbo Alamayyoo Gosaatti gurguradheera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhihaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrumuu.

Obbo Abbabee Alamaayyoo mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/borii ganda 01keessatti argamu ballinnisaa M²200 ta'e irratti argamu Obbo Muluuqan Xurunaatti gurguradheera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhihaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrumuu.

Obbo Barakat Soloomoon mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/borii ganda 01keessatti argamu ballinnisaa M²200 ta'e irratti argamu Obbo Abraraawu Asmamawutti gurguradheera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhihaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrumuu.

Obbo Araggaa Baqqalaa mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/borii ganda 01keessatti argamu ballinnisaa M²200 ta'e irratti argamu Aadde Azalech Laggasatti gurguradheera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhihaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrumuu.

Obbo Taammirat Lammaa mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/borii ganda 01keessatti argamu ballinnisaa M²200 ta'e irratti argamu Obbo Fayyisa Baqqalaatti gurguradheera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhihaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrumuu.

Aadde Tanaanyee Geetahuun mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/borii ganda 01keessatti argamu ballinnisaa M²200 ta'e irratti argamu Obbo Tafarree Bafiqaduutti gurguradheera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhihaatu. Waajjira Lafa Aanaa Hurrumuu.

Obbo Jamaal Awwal mana jirenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo Aanaa Bachoo keessatti kan argamu lakk.kaartaa isaa 257/MMLM/2013 bali'ina lafaa 232M² irra jiru Aadde Kaziinaa Tasfaayeetti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Bachoo.

Aadde Itaafarruu Lammaa mana Daldalaalaa balbala tokko Magaalaa Dambii ganda 01 Zoonii Lalituu keessaa qaban Obbo Hayaattuu Sayidiitti waan gurguratanii, Kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 21keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Dhedheessaa.

Obbo Kaliid Mannuu mana jirenyaa balbala tokko Magaalaa Dambii ganda 01Zoonii Guddinaa keessaa qaban Obbo Tamaseen Riibotti waan gurguratanii, Kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 21keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Dhedheessaa.

Aadde Wubiit Fissah mana jirenyaa balbala tokko Magaalaa Dambii ganda 01Zoonii Tokkummaa keessaa qaban Aadde Rahiimaa Jamaalitti waan gurguratanii, Kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 21keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Dhedheessaa.

Obbo Alamu Abbabaa fi Aadde Zalaqaash Abbabaa mana jirenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 4076/2006 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa 312M² irratti argamu Obbo Mogas Tashoomaatti waan gurguratanii jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijiirraan maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Xajjituu Yaadasaa mana jirenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Waliigaltee Liizii L-0084/2005 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa ---- irratti argamu waan na jaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhaniiru. kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e raga kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Muluuqan Bayyanee fi Aadde Ayinaalem Tashoomee mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda 03 (Qoolloo kormaa) keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1467/03/2012 ta'e maqaa Obbo Muluuqan Bayyanetiin galmaa'ee beekamu Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2ffaa kan ta'e Obbo Huseen Kadirtti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Muluqen Bayyanee fi Aadde Ayinaalem Tashoomee mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda 03 (Qoolloo kormaa) keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1467/03/2012 ta'e maqaa Obbo Muluqen Bayyanetiin galmaa'ee beekamu Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2ffaa kan ta'e qabu Obbo Huseen Kadirtti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Alamuu Baqqalaa fi Aadde Fitsum Eeliyas mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda 03 (Tabo) keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 3458/03/2013 ta'e maqaa Obbo Muluuqan Bayyanetiin galmaa'ee beekamu Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2ffaa kan ta'e Aadde Roomaan Tamasgeenitti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Amsalech G/Kiroos mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda 03 (Qoolloo kormaa) keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1077/03/2009 ta'e maqaa Aadde Amsalech G/Kiroostii galmaa'ee beekamu Lafa bali'inni isaa 500M² irratti argamu irraa qoodanii 166M² irratti argamu fi Sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila CO kan ta'e karaa bakka bu'aa isaanii Paaster Dannaqee Daanaatiin Obbo Amante Abbaabatti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Amsalech G/Kiroos mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda (Qoolloo kormaa) keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1077/03/2009 ta'e maqaa Aadde Amsalech G/Kiroostii galmaa'ee beekamu Lafa bali'inni isaa 500M² irratti argamu irraa qoodanii 166M² irratti argamu fi Sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila CO kan ta'e karaa bakka bu'aa isaanii Paaster Dannaqee Danaa Aadde Feeban Shaafitii gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Bilaatuu Zargaawu mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 4018/02/2015 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lafa bali'inni isaa 200M² ta'e irratti jiruu fi Sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila R1 kan ta'e Obbo Ahimad Nuuruuti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Jimmaa

Aadde Juusii Waqwayyaa Fayyisaa Godina Jimmaa Aanaa Botoor Xollaay Ganda Garaangaraa iddo addaa Bakkee Jabbii jedhamutti hojji hayyama qoranno albuudaa Dhagaa Cilee nu gaafatanii jiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate daangaa ji oogiraafik koordineetii lafichaar armaan gaditti ibsamerratti beeksifni kun bahee guyyaa hojji 7 keessatti barreffamaan Abbaa Taayita keenyaaf akka dhiyeessu beeksifna.

BM	Easting (UTM)	Northing (UTM)
1	330624	914614
2	330621	915370
3	330891	915389
4	330854	915717
5	331128	915385
6	331758	914558

Abbaa Tayitaa Misooma Albuddaa Oromiyaa

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarras bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaani akka dabalu gochuun ni danda'ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Murtiiwwan manneen murtii olaanoo, dhaddacha dhaabbiィ bahaafi dhaddacha ijibbaataatiin kennamanirratti dhimmoota seeraa falmisiisoo ta'an

Akkuma beekamu labsiin gurmaa'insa, aangoofi hojii manneen murtii Naannoo Oromiyaa, labsiin lakk.216/2011 kwt 23 jalatti manneen murtii naannichaa ergama waliigalaa tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa, si'ataafi bu'aqabeessa ta'e seera qofarratti hundaa'uudhaan, haala loogiif gartummaan ala ta'een kennuuf dirqama akka qaban tumeera.

Manni murtii olaanaa ammoo bu'uuraan mana murtii ol iyyannoo ta'ee, hir'ina yookiin dogoggora seeraa yookiin ijoon dubbii, walumatti hir'ina murtii mana murtii jalaa qabu ol iyyannoodhaan dhagayee sirreessuuf hojjeta. Ergama kana milkeessuuf hojiiwwan qabatamaatti hojjetamaa turaniifi jiran hedduu ta'anis, tajaajila abbaa seerummaa caalmaatti yeroo ammaa waliin deeman kennuuf hojileen raawwataman hundaa ol qulqulluu, kan seeraafi ragaa qofarratti hundaa'e ta'uu qabu.

Tajaajilli hojii abbaa seerummaa kun murtilee abbootii seeraatiin kennaman yammuu ta'u, murtileen seeraafi ragaa qofarratti kan hundaa'an ta'uu akka qaban ogeessi seeraa hunduu kan irratti waliigaludha.

Haata'u malee, sababoota adda addaatiin yookiin rakkoo baay'ina hojii, naamusaa, xiyyeffanno kennuu dhabuu, hanqina dandeettiifi murtiiwwan deggersa seeraa hin qabne (adeemsaa hin hordofnee) qabatamaatti darbee darbee, ni raawwatamu.

Kana malees, qabatamaatti abbootii seeraa Mana Murtii Olaanaa (MMO), Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa (MMWO) Ijibbaataafii idilee gidduutti haala wal hin fakkaanneen murtileen garaagaraas kennamu malu. Kun maaliif ta'e kan jedhu adda baasuuf qorannoong gadi fageenya qaban kan barbaachisu ta'ullee, rakkooawan jiraachuu adda baafatanii, tumaalee seeraarratti mari'achuun hubannoofi gahumsa ofi gabbifachuudha.

Murtii tilmaamamaa, walfakkaataaniifi walitti dhiyaatu akka kennamu taasisuun ni danda'ama jennee waan amannuuf dhimmooni mariif ka'umsa ta'an kun dhiyaataniiru. Seerotaa haaraa bahanirrattis hubanna dabalataa uumuun abbootii seeraa dhimma fuuldurattii dhiyaatan dursanii qophaa'uun akka eegan kan taasisu waan ta'eef, labsii lakk.1243/2013 seera daldala kutaa adeemsota kasaaraatiin wal qabataniirrattis hubannoona ni uumama.

Qonnaan bulaan mirga qabiyyee lafaa qabu kamiyyuu 'yeroon osoo hin daangeeffamiin' qabiyyeesaatti mirga guutuu fayyadamuuf, kireessuu, miseensa maatiisaatiif dhaalchisuu, kennuu, laficha gubbaatti qabeenya horate gurguruu, jijiiruufi dabarsuuf labsii Lakk.130/99 kwt 6(1)n mirga qaba. Kana jechuun daangaa hin qabu jechuun miti. Labsiin kun lafti haala addaatiin akka itti fufinsaan fedha dhaloota booriis osoo

hin miidhiin, bu'aa olaanaa dhaloota ammaatiif argamsiisuun haala itti fayyadamuuf dandeenyu uumuuf haala itti fayyadamaas seeraan to'atamee jira. Wagga lamaaf sababa malee itti fayyadamuuf dhabuu, kunuunsu dhabuu kwt 6(16) +18 jalattis mirga abbaa qabiyyummaatiin walqabatee sababa utuu itti hin fayyadamiin turuutiin, himannaan tokkos daangaa yeroo akkamii keessatti dhiyaachuu qaba kan jedhu ilaachisees labsiin lakk.130/99s ta'e labsiin lakk.456/1997 waan jedhes hin qabu.

Haata'u malee, dambiiin labsii Lakk.130/99 raawwachiisuuuf bahe, dambii Lakk.151/2005 kwt 32 jalattidha. Namni lafa baadiyyaa seeraan ala qabatee argame kamyuu hanga wagga 12tti gadhiisuuuf darbinsa yeroottin hin daangeeffamus jedhamiit tumameera. Nama seeraan ala qabatee jiru tokkoon, gadi hin lakkisiin, diduu dandeessa jechuudhamoo? Namni jalaa qabatame tokko wagga 12 booda himanna dhiyeessee gadi lakkisiifachuu hin danda'u jechuudha? Kanoo seerri akkamii ilaala? Gaaffiin jedhu gaafatamuuf danda'a.

Gama birootiin, danbiin tumaalee mirga abbaa qabiyyummaa daangessan kan labsii keessa hin jirre ta'uu danda'aa? Sababa tumaalee labsii keessa jiru raawwachiisuu jedhuun itti dabaluun ni danda'amaa? Kan jedhus gaaffiidha. Ta'us garuu, dambiiin dhimma darbinsa yeroo tumuu hin qabu kan jedhamu yoo ta'es qaama aangoo qabuun sirraa'uu qaba. Hiikkoo mana murtitiinis ta'e, qaama walitti bu'insa seeraa sirreessuu danda'u kamiinuu dambiiin murtii dirqisiisaan kenname waan hin jirreef, dhaddachi ijibbaataaa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaas (MMWF) tumaa kanatti fayyadamaa waan jiraniif dhimma iftoominasaafi haala itti hojiirra ooluu qaburrattis mari'achuun barbaachisaadha. Haaluma olitti ibsameen, gasti darbinsa yeroo lafaa ilaachisee, abbaan qabiyyee seeraqabeessa jedhamuuf; dirqama tooftaa argannaa sadan (labsii keessatti eeraman) mirkaneessuun barbaachisaadha.

Namni himatame tokko mormii sadarkaa duraa keessatti falmii darbinsa yeroo yoo kaases haala kamiin isa kana bira dabarree, tooftaa argannaa lafaa sadan keessaa tokkoon argachuu kee mirkaneessi jennaan? moo himatamaan dursee tooftaa argannaa mirkaneessa?

Mirga kana, namni bu'uura seera qabeenya lafasaatiin tooftaa sadan eerameen argate, maalif waa'ee darbiinsa yeroo kaasa? mormii darbiinsa yeroo kaasuun mataa isaatiin tooftaa jedhamiit kennaa, dhaalaafi moootummaa irraas kan hin arganne ta'uufi sababa turtii yeroottin kiyya ta'uu qabu kan jedhu hin agarsiisuu?

Dhimma 1ffaaManni Maree Federeeshiini murtii bara Paarlaamaa 4ffaa, Wagga 5ffaa, yaa'ii idilee 2ffaa gaafa 18/10/2007 taa'een iyyattuu-Maammitee Sablefi waamamtuu-

Muluu Gurmuu gidduutti kenneen, lafti iyyattuuuf abbaan warraashee kan bara 1971 keessa fudhatan ta'ee, erga abbaan warraashee du'ee immoo bifaa kiraatiin abbaa warraa waamamtuu ammaatiif kennamee haala kanaan harka waamamtuu galee osoo jiruu sababa wagga 12 harka waamamtuu tureera jedhuun himanna iyattuu kuffise.

Mirga iyyattuu qabdu heera kwt 35fi mirga fonqolfamuu dhabuu sarba jechuun murtii mana murtii aanaa Muloorraa ka'eefi dhaddacha ijibbaataa MMWOTiin murtaa'ee kan federaalaatiin cime raawwii hin qabaatu jedheera. Kira ilaachisee ragaan barreffamaa hin dhiyaanne. Ragaan namma iyattuu abbaan warraa waamamtuu bu'aa walakkaa iyattuuudhaaf qoodaan ture jedhu.

Murtii dhaddachi ijibbaataa MMWF, dhaddacha gaafa 22/01/2010 ooleen galmeek lakk.140538 ta'erratti (jildii 22) iyyataa Warquu Taaddasaafi waamamaa Jiraataa Alfataa jedhaman gidduutti kenneen;-waliigaltee seeraqabeessa hin taaneen kan qabate ta'uun yoo mirkanan'a'een ala qonnaan bulaan wagga 12f qabiyyee lafa baadiyyaa qabatee itti fayyadame gadi lakkisuuf hin dirqamuuf jedheera danbii kwt 151/2005 kwt 32 caqasee.

Dhaddachi Ijibbaataa MMWO dhaddacha gaafa 05/02/2005 ooleen galmeek lakk.133903 ta'erratti falmii nama Huseen Abdoo jedhamuufi waliigalteen aanaa Collee gidduu jiru ilaalees ture. Huseen Abdoo bara 1983 irraa eegalee kan itti fayyadamaa ture ta'ullee, bu'uura labsii lakk.130/99 kwt 2(3)ti qabiyyeen lafa baadiyyaa seeraqabeessa ta'ee kan argamu,dhaalaan, kennaadhaaniifi qaama moootummaa aangoo qaburraa qofa waan ta'eef, kanaan ala namni qabiyyee nama biroo seeraan ala qabatee of harka galfate abbaa qabiyyee hin ta'u jedhe murteesseera.

Mormiin darbinsa yeroo kaa'uunsaas sirriis miti jechuudhamoo?, Falmii ati darbinsa yeroo jechuun bifa mormii sadarkaa duraatiin kaaste hin ilaalu jechuudhamoo? dambii kwt 32 irraa waan jiru hin raawwachiisuu jechuudhamoo?, haalli biroo haalli addaa itti keewwatni 32 itti ilaalamujirajechuudha? Murtiin kun dhamaqabeessaa ta'aa laata? Dhimmi darbinsa yeroofi seeraqabeessummaa haala argannaa waliin ni deemaa? Darbinsi yeroos namni mirga qabu sababa mirgasaarra rafeen akka dhabu taasisa, sababa bu'aafi baduu ragaatiinis seerri garee haala bu'aqabeessa ta'een qabatee fayyadamuun diinagdeedhaaf gumaachuuf mirga bu'uura seeraa qabu kennuu danda'a.

Dhimmi kun dhimma dhaddachi ijibbaataa MMWO dhaddacha gaafa 19/11/2014 ooleen Lakk.Ga.404139 ta'erratti murteessedha. Dhimmi kun kan eegale mana murtii aanaa Bookeerra yammuu ta'uun dhimma kana keessatti iyyattuu dhaddacha Ijibbaataa himattuuun himanna fooyessuun *Gara fuula 2ti*

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Tajaajila fayyaa dargaggo abdii kutatee turetti abdii hore

Ogummaan tajaajila fayyaa hojii namummaafi qajeelummaati. Ogeessi fayyaas nama hunda garaagarummaa tokko malee ogummaasaatiin tajaajila sirriifi qixa ta'e kenuuf waadaa galee hojii lubbuu lammilee baaaruuti.

Bulchiinsa magaalaa Roobeettis ogeeyyiin fayyaa tajaajila dhaabbilee fayyaa keessatti kenuun cinaatti, yeroo ammaa hawaasa keessa gadi bu'anii manaa manatti deemuun qaamolee hawaasaa dhukkuboota garaagaraatiin rakkachaa jiran sakatta'anii adda baasuun gara dhaabbilee fayyaatti dhufanii tajaajila

akka argatan taasisuun hojii fakkeenyummaa gaarii qabuufi irraas baratamuu d a n d a ' u hojjechaa jiru.

Tajaajila gareen fayyaa maatiifun kunn kennaajiru kanaanis n a m o o n n i baayyeen rakkoo f a y y a a s a a n i i m a n a t t i dhokfataniitii rakkachaa turaniif d h a a b b i l e e fayyaatti dhufanii y a a l a m u u n f u r m a a t a

argachaa jiru. Gareen kun, namoota gorsa fayyaa barbaadaniif gorsa kenuu; kan gara dhaabbilee fayyaatti ergamuu qabanis gara dhaabbilee fayyaatti dhufanii yaala akka argatan taassisuun hojjechaa jiru.

Ogeessonni fayyaa buufata fayyaa Caffee Walta'ii garee fayyaa maatiisaaniitiin manaa manatti deemuun tajaajila yammuu kennanitti dargaggeessa umriinsaa waggaa 17 ta'e maatiinsaa barootaaf waliin rakkataniifi qaamnisaa madaa'ee foolii godhate, gogaan qaamaa miidhame; qorichi aadaa baddaafi gammoojjiid dadhabee; dargaggeessa sababa kanaaf manatti hafee

maatiin waan godhu dhabee abdii kute tokko organii yaalan.

Ogeessonni fayyaa kun dargaggeessa kana ilaalani, qaamasaa dhiqaniifii kunuunsa dursaa barbaachisu kennuufi eegalan. Booda maddi rakkichaa maal akka ta'e adda baasuuf gara hospitaala waliigalaa Roobeetti fudhatan. Dargaggeessi kun tajaajilli yaalii qorannoo erga taasifameefin booda bu'aan qorannoosaa dhukkuba TB gogaa (Skin TB) ta'uun barame.

Dargaggoon kun, yaala dhukkubichaa eegaluun fala argatee fayyumaasaa jalqabaatti deebi'ee hawwii hiriyyootasaa

waliin barachuufi taphachuuf qabu milkeessuuf abdii horateera. Egaa tajaajilli fayyaa o g e e s s o n n i fayyaa kun haala adda addaatiin kennan fayyaa daa'immanii, h a a d h o l i i , dargaggootaafi k a n n e e n biroo eeguuf murteessaadha. Kanarraa kan hutamus tajaajilli hawaasatti gadi bu'uun manaa manatti deemuun t a a s i f a m a a

jiru hammam ga'ee olaanaa taphachaa jiraachuudha.

Waajjirri Eggumsa Fayyaa magaalichaas ogeessota tajaajila fayyaa kennurratti of kennanii hojjetaa jiran kunneen hojii lubbuu lammilee bararuurratti cimanii akka hojjetaniif dhaamuun ogeessota fayyaa ciccimoo aarsaa kaffaluun hawaasatti dhiyaachuun tajaajilaa jiran kanneenifis beekkamtii kan kenuu ta'uun beeksiseera. Odeeffannoonaan kun Waajjircharraa kan argame.

Waajjira Kominikeeshiini Magaala

Roobeerraa-Baalee

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!

Dhukkuba hir'ina dhiigaa

Dhukkuba hir'ina dhiigaa (Aniimiyyaa) n lakkoofsi seelii dhiiga diimaa sababa garaa garaatiin yommuu gadi xiqqaatu yookiin keemikaalli dhiiga keessatti argamu kan "Hemoglobin" jedhamu baayyee yoo hir'ate kan uumamudha. Dhiveen ku, nama kamiyyuu miidhuu kan danda'u yoo ta'el ee, dubartooni umuriinsaanii waggaa 15-49 gidduu ta'e, haadholiin ulfaa, daa'imman waggaa shanii gadii, namoonni dhukkuba irra ture qabaniifi maanguddooni baayyee saaxilamoodha.

Dhibee kana maaltu fida?

- Oomishni seelii dhiiga diimaa hir'achuu (kunis, sababa hir'ina ayiranii, vaayitaamiin B12, Fooleeti, dhukkuba kaansariifi rakkoo fayyaa kaleen wal qabataniin)
- Seelonni dhiiga diimaa miidhamuu (increased RBC destruction)
- Dhangala'u dhiigaa (blood loss)

Mallattoolee dhukkubichaa

- Miira dadhabbi
- Rukuttaan onnee dabaluu
- Mataa dhukkubbii (mataa bowwuu)
- Lafti namaan maruu (naanna'u)
- Xiyyeffachuu dadhabuu
- Harganuu dadhabuu
- Sagalee gurratti wacu dhaga'u
- Fedhiin nyaataa hir'achuu

Yaalaafi ittisa dhukkubichaa

- Hir'inni dhiigaa sababoota garaa garaan dhufuu waan danda'uuf qorannoo barbaachisu taasisuun adda baasu
- Nyaata/soorata/ Ayiraniin badhaadhan kanneen akka foonii, kuduraafi fuduraa, midhaan callaa, avokaadoo, qurxummii, tiruufi kif soorachuu
- Haadholiin ulfaa qorichoota yeroo hordoffi ulfaa ogeessaan isaaniif kennamu kan akka fooleetiif ayiranii sirnaan fudhachuu
- Sababa garaa garaatiif dhiigni yoo nu dhangala'e gara mana yaalaa deemuun qoratamuun tajaajila yaala argachuu
- Amaloota akka alkoolii dhuguufi tamboo xuuxuurraa of quachuu
- Dhukkubni hir'ina dhiigaa yaala barbaachisu yoo hin arganne rakkina fayyaa Onnee, infeekshinii garaa garaafi du'aatiifillee nama saaxilu ni danda'a

Fuula 'Facebook' Biirroo Fayyaa Oromiyaarraa



Oduu

Dubartoonni nageenya eeguus ta'e, eegsisuu keessatti gaheesaanii sirnaan bahachuu qabu jedhame

W.K. B. Magaalichaatiin

Dubartoonni nageenya eeguus ta'e, eegsisuu keessatti gaheesaanii sirnaan bahachuu qabu jedhame

Bulchiinsa Magaala Walisootti Koonfaransiin Nageenya dubartootaa Dhaadannoo "hirmaannaad dubartootaa nageenyawaaraaf" jedhuun qindeessummaa Waajjira Dhimma Dubartootaf Daa'immaniifi Waajjira Bulchiinsafi Nageenya Magaalichaatiin gaggeeffameera.

Itti gaafatamtuun Waajjira Dhimma Dubartootaf Daa'imman bulchinsa magaalichaai Aaddee Kumalee Likkiisaa, akka jedhanitti dubartiin maatii kan walitti qabdu wan taateef, ga'ee nageenya buusu keessattis ta'e guddinaafi misooma biyyaa keessatti qaban ba'uu qabu jedhan.

Itti aanaa Kantibaa Magaala Waliso Obbo Awwal Jamaal gamasaaniin kaayyoon konfiraansii kanaa dubartoonni hirmaannaan isaanii nageenya eegu ta'e, eegsisuu keessatti qaban guddaa waan ta'eef, gahee isaanii sirnaan bahachuu qabu jedhaniiru.

Itti dabaluun adda durumaan rakkoo nageenyaaf



kan saaxilaman dubartoota ta'uun himuun, dubartoonni karaa gurmaa'een misoomaafi nageenya keessatti gumachaa isaanii bahuu qabu jedhan.

Dubartoonni konfiraansii kanarratti hirmaatanis,

nageenya eeguus ta'ee, eegsisuu manarraa waan jalqabuuf, manasaanii irraa eegaluun gaheesaanii bahuu akka qabaniifi nageenyaaf Waardiyaa dhaabbachuun qaama nageenya isaanii boreessuuf sochoo'urratti mootummaa cinaa dhaabbachuun hojjachuun qabnas jedhaaniiru.

Waltajjiin gamaaggama raawwii . . .

xiyyeffate ture.

Xumura waltajji kanaarratti argamuun kallatti hojji kan kennan Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisa rakkoolee hongeefi nageenyaan walqabatanii mudatan keessatti hoggansi naannichaa hojilee jajjabeessoo hojjeteera jedhan.

Hoggansa qophaa'aa kallatti kennameen dinagdeerratti hojjechuun danda'uufi qophaa'aa ta'e aarsaa barbaachisu kamuu kaffalee kaayyoo ummataa galmaan ga'uu danda'u horachuu qabna jedhan Pr. Shimallis. Tajaajiltummaarratti hojilee hojjetaman gaarii ta'uun kan dubbatan Pirezidaantichi siyaasaan hoggansa kennuu, hojilee xixiqqaan daangeffamuu keessaa ba'uu, rakkoo nageenya siyaasaan hiikuuf hojilee hojjetamanis gaariidha jedhan. Kana

malees, hoggansa pirojektoota hogganuu danda'u horachuu fi hawaasa keessatti sosochii misoomaa uumamuun hojiin hojjetame gaarii ta'uus himaniiru.

Hoggansi ijaarama sirnaa lafa qabsiisurratti hanqinni jiraachuu, sirna ijaaruufi hojiin badhaadhina maatiirratti jalqabame hanqina qabaachuufi itti fayyadama qabeenyarratti qusanno dhabamu, hordoffiin hanqina qabaachuufi qindoominaan hojjechuurarratti hanqinni jiru ammoo dhimmoota irratti xiyyeffatamanii hojjetamuun qaban ta'uun ibsameera.

Hojji qonnaa sadarkaa barbaadamuun tekinoolojiin deggeruu dhabuu, hojilee inisheetiiviirratti jalqabaman haala barbaadameen deemuu dhabuufi aadaa qusanna cimsuurratti ammas

xiyyeffatamee hojjetamuun akka qabu hubachiisaniiru.

Gama kilaastara magaalatiinis rakoon hojji dhabdummaa, tarkaanfin ijaarsa seeraan alaarratti fudhatamu laafaa ta'uun, hojiin kaadaastaraafi daldala seeraan alaa to'achuu ammallee xiyyeffannaan kan barbaadudha jedhameera. Gama kilaastara hawaasummaatiinis baranootaafi fayyaarratti hojileen jalqabaman ammallee xiyyeffannaan hojjetamuun kan qaban ta'uun Pr. Shimallis dubbataniiru.

Hanqinoota adda ba'aniifi har'aatii jiran sirreessuufi qophii bara dhufuu xiyyeffannoo keessa galchuun hojjechuun barbaachisaa ta'uullee hubachiisaniiru-OBN wabeeffanne

Hawaasa horsiisee bulaa . . .

jennee aadaa keenya buusaa gonofaatti gargaaramuu torbee tokko keessatti milkoofnee midhaan nyaataa daakuu kuntaala dhibba 8 fi 20, zayita liitira kuma 5fi dhibba 3fi 16, akkasumas mi'eessitu garaagaraa bituun gumaachuu Qindeessaan Sgantaa Sosochii Torbee Booranaa Dr. Taaddasaa Qana'aa himan.

Pirezidaantiin Yuunivarsiitii Amboo Dr. Baay'isaa Lataa hongee uumameen

hawaasa keenya miidhamaa jiru teenyee ilaaluurra hawaasa hirmaachisnee waan xiqqoo kana qabannee dhufneera. Rakkoon kun itti fufa taanaan deggersa amma hawaasaafi barattooni Yuunivarsiitii Amboo gumaachan kana cimsinee itti fufna jedhaniiru.

Itti aanaan Bulcha Godina Booranaa Obbo Abdisalaam Waariyoo, deggersa taasifameef galateeffachuu, deggersicas barattoota hostelii akka

Godinaatti jiran, horsiisee bultoota aanaalee Yaaballoo, Dirreefi Miyoof kan dhaqqabsiisan ta'uun himaniiru.

Maanguddooni Booranaa yeroo walharkaa fuudhinsi deggersaa kun taasifamuus saganticharratti argamanis Yuunivarsiitii Amboofi hawaasa naannichaa deggersa taasisan galateeffaniiru.

Hanqina tekinoolojii . . .

lamaan darban keessatti hanqina tekinoolojii qonnaa furuun hawaasni naannichaa midhaan nyaataan of danda'u bira darbee gabaa biyya keessaafi alaatiif oomisha qulqulluufi dorgomaa ta'e dhiyeessuuk akka danda'u taasisuuf gahee irraa eegamu bahachaa tureera, bahachaas jira jedhaniiru.

Hudhaalee misooma qonnaa furuuf qoranno geggeessuun pirojektoota gurguddoo biyyaafi naannicha jijiiru danda'an bocuun hojjechaa jira. Kana malees, inisheetiivota misooma qonnaa gurguddoo naannoo keessatti hojjetamaa jiran qopheessuun qooda fudhatoota waliin hojjechaa jiras jedhaniiru.

Walumaagalattis, inistiitiyuutichi daarektoreetii qoranno midhaanii, beeladaa, qabeenya uumamaa, mahaandisummaa qonnaa, saayinsii nyaataa, qoranno sanyiifi baay'isa tekinoolojii, bunaafi shaayii, eegumsa midhaanii, hawaas-dinagdeefi ekisteensiini qonnaatiin gurmaa'ee qoranno geggeessaa jiruun tekinoolojiiwan hedduu baasu, madaksuufi raabsuun badhaadhina hawaasa qotee/horsiisee bulaa naannoo mirkaneessuuf ciminaan hojjetaa jiras jedhaniiru- Obbo Tashoomaan.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Koonaadira-a-bakkee aadaa, seenaafi hawata turiizimii

Aanaan Diinshoo bakkeewwan seenaa, aadaafi qabeenya uumamaa hawata turiizimii lakkaawameefi daawwatamee hin qufamne kan keessatti argamudha. Haalli teessuma lafaashees gaaraan marfamtee kan argamtuufi qilleensa dilallaa'aa kan qabdudha.

